Waggaa 27 ffaa..... Lak. ........11/2011
፳፯ኛ ዓመት........ቁጥር........፲፩/፪ሺ፲፩
27th year ........... No. ........... 11/2019

Finfinnee,..................... Ebla 10 Bara 2010
ፊንፊኔ፣................ሚያዝያ ፲ ቀን ፪ሺ፲ ዓ.ም
Finfine,................................ April 18, 2018

Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa
'Caffee' of Oromia National Regional State

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M¨ ¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo .............. Qarshii 6.40<br>የአ¿«Ç ”¶ ........................ ብር 6.40<br>Unit Price .......................... Birr 6.40 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>l‰Z M¦¦ ብሔራዊ ŒGF”¦ L¿·R r<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |

| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| **Dambii Lakk. 198/2010**<br>Dambii Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaa fi Qaamolee Dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe ........................Page1 | **ደንብ ቁጥር ፻፺፰/፪ሺ፲**<br>የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ................ገጽ ፩ | **Regulation No. 198/2018**<br>Regulation to establish Oromia Regional State Public and Private Bodies Partnership Coordinating Office Regulation No. 198/2018 .......Page 1 |

Dambii Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaa fi Qaamolee Dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe
Dambii Lak. 198/2010

Hawaasni naannichaa hojiiwwan daldalaa fi investimentii irratti bobba'uun fayyadamaa akka ta'uu fi sochii guddina diinagdee naannichaa keessatti gahee isaa akka bahu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Hojimaata mootummaa fi qaamolee dhuunfaa qindoominaan hojjachuu dandeessisu diriirsuu fi qaama hojii kana abbummaan hoogganu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ደንብ ቁጥር ፻፺፰/፪ሺ፲

የክልሉ ህብረተሰብ በንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ላይ በመሰማራት ተጠቃሚ እንዲሆን እና በክልሉ ኢኮኖሚያዊ ዕድገት እንቅስቃሴ ውስጥ ድርሻውን እንዲወጣ ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

መንግሥትና የግል አካላት በቅንጅት መሥራት የሚያስችላቸውን አሠራር መዘርጋትና ይህን ሥራ በባለቤትነት የሚመራ አካል ማቋቋም አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

Regulation to establish Oromia Regional State Public and Private Bodies Partnership Coordinating Office
Regulation No. 198/2018

Whereas, it is found necessary to make the society of the region engage in commercial and investment activities and be beneficiary; and to make it play its role in the economic development activities in the region;

Whereas, it is found necessary to extend an operational system which enable the government and private bodies to work in collaboration; and to establish a body that manages such activity;

Akkaataa Labsii Lak.199/2008 Keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaa fi Qaamolee Dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk 198/2010" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) "Naannoo" jechuun naannoo Oromiyaa ti.
2) "Pirezidaantii" jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
3) "Mana Maree Bulchiinsaa" jechuun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
4) "Mana Maree Waliinii" jechuun mana maree sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalaa irratti hundaa'u ta'ee hojii walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaa abbummaan qindeessu, hordofu, deeggaruu fi hojii sosochii ummataa raawwatu jechuu dha.
5) "Dambii" jechuun Dambii Waajjira Qindeessaa Walta'iinsa Mootummaa fi Qaamolee dhuunfaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe jechuu dha.
6) "Qaama dhuunfaa" jechuun seektara mootummaatiin ala kan ta'e nama dhuunfaa, waldaalee aksiyoonaa, waldaalee hojii gamtaa fi yuuniyeenota qonnaan bultotaa, abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi alaa, akkasumas kanneen kaayyoo daldalaatiif hundeeffaman kan biroo ni dabalata.

በአዋጅ ቁጥር ፻፺፱/፪ሺ፰ አንቀፅ ፸፬ (፪) መሠረት የሚከተለው ደንብ ወጥቷል፡፡

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፻፺፰/፪ሺ፲" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

፩) "ክልል" ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው፡፡
፪) "ፕሬዝዳንት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊመንግሥት ፕሬዝዳንት ነው፡፡
፫) "የአስተዳደር ምክር ቤት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስተዳደር ምክር ቤት ነው፡፡
፬) "የጋራ ምክር ቤት" ማለት በክልል፣ በዞን፣ በወረዳና በከተማ አስተዳደር ደረጃ የሚቋቋም ምክር ቤት ሆኖ፤የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ሥራን በበላይነት የሚያቀናጅ፤ የሚከታተል፤የሚደግፍና የሕዝብ እንቅስቃሴ ሥራ የሚያከናውን ማለት ነው፡፡
፭) "ደንብ" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ለማቋቋም የወጣ ደንብ ማለት ነው፡፡
፮) "የግል አካል" ማለት ከመንግሥት ሴክተር ውጪ የሆነ ግለሰብ፣ የአክሲዮን ማሕበራት፣ የኅብረት ሥራ ማሕበራትና የአርሶ አደሮች ዩኒየኖች፣ የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር ባለሀብቶች እንዲሁም ለንግድ ዓላማ የተመሰረቱ ሌሎችንም ይጨምራል፡፡

Now, therefore, in accordance with article 74(2) of proclamation No.199/2016, the following regulation is hereby issued.

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This regulation may be cited as "Regulation to establish Oromia Regional State Public and Private Bodies Partnership Coordinating Office No.198/2018."

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this regulation:

1) "Region" Means Oromia Region.
2) "President" Means president of Oromia Regional State.
3) "Administration Council" Means Oromia Regional State Administration Council.
4) "Common Council" Means a council established at the regional, zonal, district and city levels that coordinates follows up and supports the activities of the government and private bodies Partnership; and performs the peoples' mobilization activities.
5) "Regulation" Means regulation to establish Oromia Regional State Partnership of the government and private body coordinating office.
6) "Private Body" Means bodies other than government sectors as private person, ax ion associations, cooperatives and farmers' unions, domestic and foreign investors and includes others that are established with commercial objectives.

7) "Pirojektii" jechuun pirojektii kaayyoo daldalaa qabuu fi akkaataa Dambii kanaatiin waliigaltee qaama mootummaa fi qaama dhuunfaa jidduutti taasifamu irratti hundaa'uun gaggeeffamu jechuu dha.

### 3. Daangaa Raawwatiinsaa

Seera Daldalaa Biyyaa keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Dambiin kun hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaa, akksumas qaamolee dhuunfaa jiddutti mootummaa naannichaa keessatti hojjataman kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### 4. Ibsa Koorniyaa

Dambii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama
## Hundeeffama, Kaayyoo, Gurmaa'insa, Aangoo fi Hojii Waajjirichaa

### 5. Hundeeffama fi Itti Waamama

1) Waajjirri Qindeessaa Walta'iinsa Qaamolee Dhuunfaa fi Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Waajjira" jedhamee kan waamamu mana hojii mootummaa of danda'e ta'ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Waajjirichaa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

### 6. Kaayyoo Waajjirichaa

Waajjirichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Sosochii ummataa gaggeessuun hawaasni naannichaa hojiiwwan daldalaa fi investimentii irratti bobba'uun fayyadamaa akka ta'uu fi guddina diinagdee keessatti gahee isaa akka bahu taasisuu;

፯) "ፕሮጀክት" ማለት የንግድ ዓላማ ያለውና በዚህ ደንብ መሠረት በመንግሥትና በግል አካል መካከል የሚደረግ ስምምነት ላይ በመመሥረት የሚከናወን ፕሮጀክት ማለት ነው፡፡

### ፫. የተፈፃሚነት ወሰን

በሀገሪቱ የንግድ ሕግ ውስጥ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ይህ ደንብ በመንግሥትና በግል አካላት ቅንጅት እንዲሁም በክልሉ መንግሥት ውስጥ በግል አካላት መካከል የሚሠሩ ማንኛውም የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ላይ ተፈፃሚነት ይኖረዋል፡፡

### ፬. የጾታ አገላለጽ

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ሴትንም ይጨምራል፡፡

## ክፍል ሁለት
## የጽሕፈት ቤቱ መቋቋም፣ ዓላማ፣ አደረጃጀት፣ ሥልጣንና ተግባራት

### ፭. መቋቋምና ተጠሪነት

፩) የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ከዚህ በኋላ "ጽሕፈት ቤት" ተብሎ የሚጠራ ራሱን የቻለ የመንግሥት መስሪያ ቤት ሆኖ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፤
፪) የጽሕፈት ቤቱ ተጠሪነት ለክልሉ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽሕፈት ቤት ይሆናል፡፡

### ፮. የጽሕፈት ቤቱ ዓላማ

ጽሕፈት ቤቱ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖረዋል፡-

፩) ህዝባዊ እንቅስቃሴ በማካሄድ የክልሉ ህብረተሰብ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ላይ በመሰማራት ተጠቃሚ እንዲሆንና በኢኮኖሚ ዕድገት ውስጥ ድርሻውን እንዲወጣ ማድረግ፤

7) "Project" Means a project having commercial objectives operating on the basis of contracts between the government and private body made in accordance with this regulation.

### 3. Scope of Application

Without prejudice to the commercial laws enacted within the country, this regulation shall be applicable to any commercial and investment activity, Partnership of government and private bodies as well as among the private bodies performed in the regional state.

### 4. Gender Reference

In this regulation, any term expressed in masculine gender shall include the feminine.

## Part Two
## Establishment, Objective, Organization and Power and Duties of the Office

### 5. Establishment and Accountability

1) Oromia Regional State private and government bodies Partnership Coordinating office, hereinafter called "Office" is hereby established as an autonomous government institution by this regulation.
2) Accountability of the office shall be to the president office of the regional state.

### 6. Objectives of the office

The office shall have the following objectives:

1) To make the society of the region engage in the commercial and investment activities and benefit from same and enable it play its role in the ongoing economic development through conducting people mobilization activities;

2) Hojiin walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaa bu'uura seeraa akka qabaatuu fi imaammattootni, tarsiimoowwanii fi seerotni sosochii ummatni diingadee keessatti taasisu jajjabeessan akka jiraatan taasisuu;
3) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii sosochii ummataatiin gaggeeffamu milkeessuuf qaamoleen mootummaa deeggarsa barbaachisaa akka taasisan qaamolee adda addaa waliin qindoominaan hojjachuu;
4) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii mootummaa fi qaamolee dhuunfaa waliin hojjachuun barbaachisaa ta'an adda baasuun hojiirra oolchuu.

**7. Teessoo Waajjira Ol'aanaa**

Teessoon Waajjira Ol'aanaa Waajjirichaa Magaalaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti damee qabaachuu ni danda'a.

**8. Aangoo fi Hojii Waajjirichaa**

1) Walta'iinsa qaamolee dhuunfaa fi mootummaa ilaalchisee yaada imaammataa fi tarsiimoo ni maddisiisa; mootummaa ni gorsa; hojiirra oolmaa isaanitiif ni hojjata.
2) Qorannoo fi qu'annoo irratti hundaa'uun pirojektootni waldaalee aksiyoonaa akka bocamanii hojitti galan ni hojjata; ni deeggara; ni qindeessa.
3) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa Mootuummaa, Qaamolee Dhuunfaa fi Ummataan hundeeffamanii hojii oomishaa, raabsaa, ijaarsaa fi kenna tajaajilaa fi kan kana fakkaatan irratti bobba'an bal'inaan akka hundeeffamanii fi kanneen hojiirra jiranis bu'a qabeessa akka ta'an hojii qo'annoo fi qorannoo akka gaggeeffamu ni taasisa; haala ni mijeessa; ni qindeessa.

፪) የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ሥራ የሕግ መሠረት እንዲኖረውና ህዝቡ በኢኮኖሚ ውስጥ የሚያደርገውን እንቅስቃሴ የሚያበረታቱ ፖሊሲዎች፣ ስትራቴጂዎችና ሕጎች እንዲኖሩ ማድረግ፤
፫) በህዝባዊ እንቅስቃሴ የሚካሄደውን የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ለማሳካት የመንግሥት አካላት አስፈላጊውን ድጋፍ እንዲያደርጉ ከተለያዩ አካላት ጋር በቅንጅት መሥራት፤
፬) ከመንግሥትና ከግል አካላት ጋር ለመሥራት አስፈላጊ የሆኑትን የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች በመለየት ሥራ ላይ ማዋል፡፡

**፯. የዋና ጽሕፈት ቤት አድራሻ**

የዋና ጽሕፈት ቤቱ አድራሻ ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ፤ እንዳስፈላጊነቱ ቅርንጫፍ ሊኖረው ይችላል፡፡

**፰. የጽሕፈት ቤቱ ሥልጣንና ተግባር**

፩) የመንግሥትናየግል አካላት ቅንጅትን በተመለከተ የፖሊሲና ስትራቴጂ ሐሳብ ያመነጫል፤ መንግሥትን ያማክራል፤ ሥራ ላይ እንዲውሉ ይሠራል፤
፪) ጥናትና ምርምር ላይ በመመሥረት የአክሲዮን ማሕበራት ፕሮጀክቶች ተቀርጸው ወደ ሥራ እንዲገቡ ይሠራል፤ ይደግፋል፤ ያቀናጃል፤
፫) በመንግሥት፣ በግል አካላትና በህዝብ ቅንጅት ተቋቁመው የማምረት፣ የማከፋፈል፣ የግንባታና አገልግሎት አሰጣጥ እና የመሳሰሉት ሥራ ላይ የተሰማሩ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች በስፋት እንዲቋቋሙና ሥራ ላይ ያሉትም ውጤታማ እንዲሆኑ የጥናትና ምርምር ሥራ እንዲካሄድ ያደርጋል፤ ሁኔታን ያመቻቻል፤ያቀናጃል፤

2) Work for the Partnership of the government and private body to have legal basis ;and for the existence of policies, strategies and laws motivating the activities of the people made in the economic arena;
3) Work in collaboration with various government organs so as to enable them make the necessary support for the success of the commercial and investment activities conducted by the peoples mobilization;
4) Identify and implement the commercial and investment activities found necessary to be performed with the government and private bodies.

**7. Address of the Head Office**

Address of the head office shall be Finfine city; and may have branch offices as deemed necessary.

**8. Power and Duties of the Office**

1) Initiate policy and strategy ideas regarding the partnership of the government and private bodies; advise the government; work for their implementation;
2) Based on research and study, work for the projects of ax ion associations to be designed and enter in to operation, support; coordinate same;
3) Cause studies and research activities to be undertaken for the commercial and investment activities established by the Partnership of the government, private bodies and the people and engaged in activities of production, distribution, construction and service delivery and the likes to be established widely and to make those on duty be productive; facilitate condition; coordinate same;

4) Kutaaleen hawaasaa adda addaa sosochii diinagdee taasifamu keessatti humna qabaniin akka hirmaatanii fi fayyadamaa ta'an hojii hubannoo uumuu fi dadamaqsuu ni hojjata.

5) Abbootii qabeenyaa biyya keessaa fi biyya alaa hojiiwwan daldalaa fi investimentii sosochii ummataan gaggeeffaman keessatti gama faayinaansii, beekumsaa fi teknolojiin hirmaatan ni barbaada; ni hirmaachisa; deeggarsa barbaachisaa ni taasisa.

6) Qophii fi hojiirra oolmaa hojiiwwan daldalaa fi investimentii sosochii ummataatiin gaggeeffaman irratti tajaajila gorsaa fi deeggarsa teekinikaa, leenjii dandeettii raawwachiisummaa cimsu ni kenna; akka kennamu ni taasisa.

7) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaan hojjatamuu danda'an irratti sosochii ummataa kan hoogganu manni maree waliinii sadarkaa Naannoo, Godinaa, Aanaa fi Bulchiinsa Magaalotaatti akka hundeeffamu haala ni mijeessa.

8) Pirojektiiwwan daldalaa fi invesimentii mootummaa fi qaamni dhuunfaa waliin irratti hojjachuu danda'an ni xinxala; akka xinxalamu taasisuun mana maree waliinitiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa.

9) Raawwii hojiiwwan daldalaa fi investimentii mootummaa fi qaama dhuunfaan raawwataman ilaalchisee hordoffii fi deeggarsa barbaachisaa ni taasisa; deeggarsa ogummaa fi teekinikaa akka taasifamu haala ni mijeessa;

፬) በሚደረገው የኢኮኖሚ እንቅስቀሴ ወስጥ የተለያዩ የህብረተሰብ ክፍሎች ባላቸው አቅም እንዲሳተፉና ተጠቃሚ እንዲሆኑ ግንዛቤ የመፍጠርና የማነቃቃት ሥራ ይሠራል፤

፭) በህዝባዊ እንቅስቃሴ የሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ውስጥ በፋይናንስ፣ በእውቀትና በቴክኖሎጂ የሚሳተፉ የሀገር ውስጥና የውጭ ሀገር ባለሀብቶችን ያፈላልጋል፤ ያሳትፋል፤ አስፈላጊውን ድጋፍ ያደርጋል፤

፮) በህዝባዊ እንቅስቃሴ በሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ዝግጅትና ሥራ ላይ መዋል ላይ የምክር አገልግሎትና የቴክኒክ ድጋፍ እና የማስፈጸም ብቃት የሚያዳብር ሥልጠና ይሰጣል፤ እንዲሰጥ ያደርጋል፤

፯) በመንግሥትና በግል አካላት ቅንጅት ሊሠሩ የሚችሉ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ላይ የህዝብ እንቅስቃሴ የሚመራ የጋራ ምክር ቤት በክልል፣ በዞን፣ በወረዳና በከተማ አስተዳደር ደረጃ እንዲቋቋም ሁኔታ ያመቻቻል፤

፰) የመንግሥትና የግል አካላት በጋራ ሊሠሩበት የሚችሉ የንግድና ኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶች ያጠናል፤ እንዲጠና በማድረግ ለጋራ ምክር ቤት ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ እንዲውል ያደርጋል፤

፱) በመንግሥትና በግል አካላት የሚከናወኑ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች አፈጻጸም በተመለከተ አስፈላጊውን ክትትልና ድጋፍ ያደርጋል፤ ሙያዊና ቴክኒካዊ ድጋፍ እንዲደረግ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤

4) Perform awareness creation and mobilization activities for various segments of the society to participate in and benefit from the ongoing economic strive;

5) Seek for the domestic and foreign investors that participate in the commercial and investment activities undertaken by the people mobilization with respects of finance, knowledge and technology; cause them to participate; provide necessary support;

6) Provide consultancy service and technical support for the preparation and implementation of the commercial and investment activities undertaken by the mobilization of the people; provide; cause the provision of performance ability building trainings;

7) Facilitate condition for the establishment of common council at the regional, zonal, district and city administration levels that manages the peoples mobilization on the commercial and investment activities performed by the Partnership of the government and private body;

8) Analyze the commercial and investment projects on which the government and private body can work together; cause it to be analyzed and submit to the common council; cause same to be implemented up on approval;

9) Make the necessary follow up and support regarding the performances of commercial and investment activities undertaken by the government and private body; facilitate condition for the provision of professional and technical supports;

10) Karooraa fi gabaasa raawwii hojii ni qopheessa; Pirezidaantii fi Mana Maree Waliiniif ni dhiyeessa.
11) Hojii isaa ilaalchisee qorannaa fi qo'annoo hojii ni taasisa; ragaalee fi istaatistiiksiiwwan adda addaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni tamsaasa.

**9. Gurmaa'insa**

Waajjirichi gurmaa'insa armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree Waliinii;
2) Daarektara Ol'aanaa fi Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa;
3) Dameewwan hojii kan qabaatu ta'ee, tajaajiloota hojii deeggarsaa humna namaa gahumsa qabu muraasaan kan gurmaa'u ta'a.

**10. Hundeeffama Mana Maree Waliinii**

1) Mana Maree Waliinii mootummaa fi qaamolee dhuunfaa kanaan booda "Mana Maree Waliinii" jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Mana Maree Waliinii Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.

**11. Miseensota Mana Maree Waliinii Sadarkaa Naannoo**

Manni Maree Waliinii miseensota armaan gadii kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti baay'inni miseensotaa akka dabalu yookiin hir'atu taasisuun ni danda'ama.

1) Itti aanaa Pirezidaantii Naannichaa ---------- Walitti qabaa;
2) Hoogganaa Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee --------------I/A/Walitti qabaa;
3) Daarektara Ol'aanaa Wa/Qin/ Walta'iinsa Mo/fi Qaamolee Dhuunfaa ----------- Barreessaa.

፲) የዕቅድና ሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ያዘጋጃል፤ ለፕሬዝዳንት እና ለጋራ ምክር ቤት ያቀርባል፤
፲፩) ሥራውን በተመለከተ የሥራ ጥናትና ምርምር ያደርጋል፤ የተለያዩ መረጃዎችና ስታቲክሶች ይሰበስባል፤ ያቀናጃል፤ ያሰራጫል፡፡

**፱. አደረጃጀት**

ጽሕፈት ቤቱ የሚከተሉት አደረጃጀት ይኖረዋል፡-

፩) የጋራ ምክር ቤት፤
፪) ዋና ዳይሬክተርና ምክትል ዋና ዳይሬክተር፤
፫) የሥራ ዘርፎች የሚኖረው ሆኖ ብቃት ባለውአነስተኛ የሰው ኃይል የድጋፍ ሥራ አገልግሎት የሚደራጅ ይሆናል፡፡

**፲. የጋራ ምክር ቤት መቋቋም**

፩) የመንግሥትና የግል አካላት የጋራ ምክር ቤት ከዚህ በኋላ "የጋራ ምክር ቤት" ተብሎ የሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፤
፪) የጋራ ምክር ቤት ተጠሪነት ለክልሉ ፕሬዝዳንት ይሆናል፡፡

**፲፩. የክልል ደረጃ የጋራ ምክር ቤት አባላት**

የጋራ ምክር ቤት የሚከተሉት አባላት የሚኖረው ሆኖ እንዳስፈላጊነቱ የአባላቱ ብዛት እንዲጨምር ወይም እንዲቀንስ ማድረግ ይቻላል፤

፩) የክልሉ ምክትል ፕሬዝዳንት-------ሰብሳቢ
፪) የገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ቢሮ ኃላፊ----------------------------------ምክትል ሰብሳቢ
፫) የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት ማስተባበሪያ ጽሕፈት ቤት ዋና ዳይሬክተር---------------------------ጸሐፊ

10) Prepare plan and work performance report; submit same to the president and to the common council;
11) Undertake research and study regarding its duties; collect various evidences and statistics; organize and distribute same.

**9. Organization**

The office shall have the following organization:

1) Common Council;
2) General Director and Deputy General Director;
3) Shall have Work Branches; and be organized with a few efficient staffs supporting services.

**10. Establishment of Common Council**

1) The common council of government and private bodies, hereinafter called "Common Council" has been established by this regulation.
2) Accountability of the common council shall be to the president of the regional state.

11. Members of the Regional Common Council

The common council shall have the following members; and the number of members may be increased or decreased as deemed necessary.

1) Vice President of the Regional State----------------chairperson
2) Head of Finance and Economic Cooperation Bureau------------------------deputy chairperson
3) General Director of P/P/P/Co/ Office------------------secretary

4) Hoogganaa Waajjira Pirezidaantii-------- Miseensa;
5) Hoogganaa Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii ---------------------------------- Miseensa;
6) Hoogganaa Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa ----------------------------------- Miseensa;
7) Hoogganaa Biiroo Bishaan, Albuudaa fi Inarjii ----- Miseensa;
8) Hoogganaa Biiroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii ---------------------------- Miseensa;
9) Hoogganaa Biiroo Misooma Qabeenya Beeyildaa fi Qurxummii ---------------------- Miseensa;
10) Hoogganaa Biiroo Barnootaa ---------------------------- Miseensa;
11) Hoogganaa Biiroo Eegumsa Fayyaa --------------- Miseensa;
12) Hoogganaa Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa ---- Miseensa;
13) Hoogganaa Biiroo Konistiraakshinii --------------- Miseensa;
14) Hoogganaa Biiroo Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa ----------------------- Miseensa;
15) Hoogganaa Biiroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa ------------------------------ Miseensa;
16) Hooganaa Biiroo Aadaa fi Tuurizimii ------------------ Miseensa;
17) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii ------- Miseensa;
18) Daar/Ol'aanaa Abbaa Ta/Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjii. Qilleensaa ---- Miseensa;
19) Komishinara Komishiniii Karooraa fi Misooma Diinagdee ---------------------------- Miseensa;
20) Komishinara Komishinii Investimentii----------- Miseensa;
21) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Baba l'ina Waldaa Hojii Gamtaa ------------------------- Miseensa;
22) Daarektara Ol'aanaa Ej/Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa ----------- Miseensa;

፬) የፕሬዚዳንት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----አባል
፭) የከተማና ቤቶች ልማት ቢሮ ኃላፊ--አባል
፮) ግብርናና ተፈጥሮ ሀብት ቢሮ ኃላፊ-----አባል
፯) የውሃ፣ መዕድንና ኢነርጂ ቢሮ ኃላፊ----------------------------------------------አባል
፰) የሴቶችና ሕፃናት ጉዳይ ቢሮ ኃላፊ-------------------------------------------------አባል
፱) የእንስሳትና አሳ ሀብት ልማት ቢሮ ኃላፊ------------------------------------------አባል
፲) የትምህርት ቢሮ ኃላፊ----------------አባል
፲፩) የጤና ጥበቃ ቢሮ ኃላፊ---------------አባል
፲፪) የንግድና ገበያ ልማት ቢሮ ኃላፊ-----አባል
፲፫) የኮንስትራክሽን ቢሮ ኃላፊ------------አባል
፲፬) የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ቢሮ ኃላፊ------------------------------አባል
፲፭) የሠራተኛና ማሕበራዊ ጉዳይ ቢሮ ኃላፊ------------------------------------------አባል
፲፮) የባህልና ቱሪዝም ቢሮ ኃላፊ---------አባል
፲፯) የገቢዎች ባለሥልጣን ዋና ዳይሬክተር---------------------------------------------አባል
፲፰) የአካባቢ ጥበቃ፣ የደንና አየር ለውጥ ባለሥልጣን ዋና ዳይሬክተር----------አባል
፲፱) የዕቅድና ኢኮኖሚ ልማት ኮሚሽን ኮሚሽነር-------------------------------አባል
፳) የኢንቨስትመንት ኮሚሽን ኮሚሽነር----አባል
፳፩) የኅብረት ሥራ ማሕበር ማስፋፊያ ዋና ዳይሬክተር-----------------------------አባል
፳፪) የከተሞች የሥራ ዕድል ፈጠራና ምግብ ዋስትና ኤጀንሲ ዋና ዳይሬክተር--------አባል

4) Head of Office of the President------------------- member
5) Head of Urban and Housing Development Bureau--------member
6) Head of Agriculture and Natural Resources Bureau---------member
7) Head of Water, Mineral and Energy Bureau------------------member
8) Head of Women and Children Affairs Bureau----------------member
9) Head of Livestock and Fish Resources Bureau------------member
10) Head of Education Bureau-------------------------------------member
11) Head of Health Bureau-----------------------------------------member
12) Head of Trade and Market Development Bureau------------member
13) Head of Construction Bureau---------------------------------member
14) Head of Rural Lands Administration and Utilization Bureau----------------------------------member
15) Head of Workers and Social Affairs Bureau---------------member
16) Head of Culture and Tourism Bureau-----------------------member
17) General Director of Revenue Authority--------------------member
18) General Director of Environmental Protection, Forest and Climate change Au--member
19) Commissioner of Plan and Economic Development Commission----------------------member
20) Commissioner of Investment Commission-------------member
21) General Director of Cooperatives Promotion Agency-------member
22) General Director of Urban Job Creation and Food Security Agency--------------------------------member

23) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Misoomaa fi Manajimentii Lafa Magaalaa ------ Miseensa;
24) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taa/Too'annoo Dha/Misooma Mootummaa --- Miseensa;
25) Bakka Bu'aa Mana Maree Daldalaa Naannichaa------- Miseensa;
26) Baankiiwwan naannicha keessa jiraniin kan bakka bu'an Baankiiwan 2 ---------------- Miseensa;
27) Abbootii Qabeenyaa dhuunfaa naannichaa keessaa bakka bu'an namoota 5 ----------- Miseensa;
28) Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannoo Oromiyaa -----Miseensa;
29) Federeshinii Waldaa Qonnaan Bultoota Oromiyaa ---Miseensa;
30) Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa keessaa bakka bu'an 3 --------------- Miseensa;
31) Bakka Bu'oota Waldaalee Dargaggootaa fi Durbatootaa Nama 2 ----------------------- Miseensa.

**12. Miseensota Mana Maree Waliinii Sadarkaa Godinaa fi Aanaa**

Manni Maree Waliinii miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Bulchaa Godinichaa/Aanichaa -------------------- Walitti qabaa;
2) Itti gaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walt'aiinsa Diinagdee --- ---------------------- Barreessaa;
3) Itti gaafatamaa Waajjira Karoroaa fi Misooma Dinagdee ----- ----------------------- Miseensa;
4) Itti gaafatamaa Waa/Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa -------- Miseensa;
5) Itti gaafatamaa Waajjira Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa ---------- ----------------------- Miseensa;
6) Itti gaafatamaa Waajjira Bishaan, Albuudaa fi Inarjii-----Miseensa;
7) Itti gaafatamaa Waajjira Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa ---- --------------------- Miseemsa;
8) Itti gaafatamaa Waajjira Investimentii --------------- Miseensa;

፳፫) የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ኤጀንሲ ዋና ዳይሬክተር--------------አባል
፳፬) የመንግሥት ልማት ተቋማት ቁጥጥር ባለሥልጣን ዋና ዳይሬክተር---------አባል
፳፭) የክልሉ ንግድ ምክር ቤት ተወካይ----አባል
፳፮) በክልሉ ውስጥ ባሉ ባንኮች የተወከሉ ፪ ባንኮች---------------------------------አባል
፳፯) ከክልሉ የግል ባለሀብቶች የተወከሉ ፭ ሰዎች--------------------------------አባል
፳፰) የኦሮሚያ ብድርና ቁጠባ አክሲዮን ማሕበር--------------------------------አባል
፳፰) የኦሮሚያ አርሶ አደሮች ማሕበር ፌዴሬሽን------------------------------አባል
፴) ከአነስተኛና ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ የተወከሉ ፫ ማሕበራት----------------አባል
፴፩) የወጣቶችና ሴቶች ማሕበራት ተወካዮች ፪ ሰዎች------------------------------አባል፡፡

**12. የዞንና ወረዳ ደረጃ የጋራ ምክር ቤት አባላት**

የጋራ ምክር ቤት የሚከተሉት አባላት ይኖረዋል፡-

1) የዞኑ/ወረዳው አስተዳዳሪ------------ሰብሳቢ
2) የገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----------------------------------ጸሐፊ
3) የዕቅድና ኢኮኖሚ ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
4) የከተሞች የሥራ ዕድል ፈጠራና ምግብ ዋስትና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----------አባል
5) የግብርናና ተፈጥሮ ሀብት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
6) የውሃ፣ ማዕድንና ኢነርጂ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
7) የኅብረት ሥራ ማሕበር ማስፋፊያ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ--------------------አባል
8) የኢንቨስትመንት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----- ------------------------------------------አባል

23) General Director of Urban Land Development and Management Agency-----------------member
24) General Director of Public Enterprises Regulatory Authority- ------------------------member
25) Representative of Trade Council of the Regional State----member
26) Two Banks to be represented by the Banks in the Regional State----------------member
27) Five Persons to be represented amongst Private Investors in the Region---------member
28) Oromia Credit and Saving Ax ion Association--------member
29) Oromia Farmers' Association Federation------------member
30) Three representative Associations among Micro and Small Scale Enterprises------member
31) Two representatives of the Youth and Women Associations-----------------member.

**12. Members of the Zonal and District Level Common Councils**

The Common Council shall have the following members:

1) Administrator of the Zone/District----------------member
2) Head of Finance and Economic Cooperation Office---secretary
3) Head of Head of plan and Economic Development Office-------member
4) Head of Urban Job Creation and Food Security Office------ --------------------member
5) Head of Agriculture and Natural Resources Office-------member
6) Head of Water, Mineral and Energy Office----------member
7) Head of Cooperatives Promotion Office-------------member
8) Head of Investment Office----- -------member

9) Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa Godinaa/Aanaa---- Miseensa;
10) Itti gaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii ------------------------ Miseensa;
11) Itti gaafatamaa Waajjira Barnootaa --------------- Miseensa;
12) Itti gaafatamaa Waajjira Eegumsa Fayyaa ------------ Miseensa;
13) Itti gaafatamaa Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa ---------------------- Miseensa;
14) Itti gaafatamaa Waajjira Konistiraakshinii -------------Miseensa;
15) Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa ------ Miseensa;
16) Itti gaafatamaa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii------ Miseensa;
17) Itti gaafatamaa Waajjira Abbaa Taayitaa Galiiwwanii----------Miseensa;
18) Itti gaaf/Waajjira Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa ----------- Miseensa;
19) Itti gaafatamaa Waajjira Misoomaa fi Manajimentii Lafa Magaalaa ------------ Miseensa;
20) Itti gaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa ---------------------- Miseensa;
21) Abbootii Qabeenya dhuunfaa naannichaa keessaa bakka bu'an namoota 5 ----------- Miseensa;
22) Baankiiwwan naannicha keessa jiraniin kan bakka bu'an Baankiiwwan 2 --------------- Miseensa;
23) Waldaa Aksiyoona Liqii fi Qusannoo Oromiyaa----- Miseensa;
24) Federeeshinii Waldaa Qonnaan Bultoota Oromiyaa ------------------------------------ Miseensa;
25) Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa keessaa bakka bu'an 3 ------------- Miseensa;
26) Bakka bu'oota Waldaalee Dargaggootaa fi Durbatootaa Nama 2 ---------------------- Miseensa.

፱) የዞን/የወረዳ አስተዳደር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ------------------------------------አባል
፲) የሴቶችና ሕፃናት ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ------------------------------------አባል
፲፩) የትምህርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ------አባል
፲፪) የጤና ጥበቃ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----አባል
፲፫) የንግድና ገበያ ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ------------------------------------አባል
፲፬) የኮንስትራክሽን ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------------------አባል
፲፭) የገጠር መሬት አስተዳደርና አተቃቀም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------አባል
፲፮) የባህልና ቱሪዝም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----------------------------------------------አባል
፲፯) የገቢዎች ባለሥልጣን ጽሕፈት ቤት ኃላፊ------------------------------------አባል
፲፰) የአከባቢ ጥበቃ፣ የደንና አየር ለውጥ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------አባል
፲፱) የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------አባል
፳) የሠራተኛና ማሕበራዊ ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------አባል
፳፩) ከክልሉ የግል ባለሀብቶች የሚወከሉ ፭ ሰዎች-----------------------------------አባል
፳፪) በክልሉ ውስጥ ባሉ ባንኮች የሚወከሉ ፪ ባንኮች----------------------------------አባል
፳፫) የኦሮሚያ ብድርና ቁጠባ አክሲዮን ማሕበር-------------------------------አባል
፳፬) የኦሮሚያ አርሶ አደሮች ማሕበር ፌዴሬሽን------------------------------አባል
፳፭) ከአነስተኛና ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ የሚወከሉ ፫ ማሕበራት--------------አባል
፳፮) የወጣቶችና ሴቶች ማሕበራት ተወካዮች ፪ ሰዎች------------------------------አባል።

9) Head of Zonal/District Administration Office--------member
10) Head of Women and Children Affairs Office----------member
11) Head of Education Office-------------------------------member
12) Head of Health Office-------------------------------member
13) Head of Trade and Market Development Office------member
14) Head of Construction Office--------------------------member
15) Head of Rural Lands Administration and Utilization Office----------------------member
16) Head of Culture and Tourism Office-----------------member
17) Head of Revenue Authority Office-----------------member
18) Head of Environmental Protection, Forest and Climate change Office----------member
19) Head of Urban Lands Development and Management Office-------------------member
20) Head of Workers and Social Affairs Office---------member
21) Five Persons to be represented amongst Private Investors in the Region-------------member
22) Two Banks to be represented by the Banks in the Regional State---------------member
23) Oromia Credit and Saving Axion Association-------member
24) Oromia Farmers' Association Federation------------member
25) Three representatives among Micro and Small Scale Enterprises Associations--member
26) Two representatives of Youth and Women Associations-----------------------member.

**13. Miseensota Mana Maree Waliinii Sadarkaa Magaalaa**

Manni Maree Waliinii miseensota armaan gadii ni qabaata:

1) Kantiibaa Magaalichaa ----------------------------- Walitti qabaa;
2) Itti gaafatamaa Waajjira Maallaqaa fi Walt'aiinsa Diinagdee ------------- Barreessaa;
3) Itti gaafatamaa Waa/Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa ---------- Miseensa;
4) Itti gaafatamaa Wajjira Bishaan, Albuudaa fi Inarjii ----Miseensa;
5) Itti gaafatamaa Waajjira Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa ----------------- Miseemsa;
6) Itti gaafatamaa Waajjira Investimentii ---------------- Miseensa;
7) Itti gaafatamaa Waajjira Kantiibaa ---------------- Miseensa;
8) Itti gaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii ---------- Miseensa;
9) Itti gaafatamaa Waajjira Barnootaa -------------- Miseensa;
10) Itti gaafatamaa Waajjira Eegumsa Fayyaa ------ Miseensa;
11) Itti gaafatamaa Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa -------- Miseensa;
12) Itti gaafatamaa Waajjira Konistiraakshinii ----------- Miseensa;
13) Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa ------------ Miseensa;
14) Itti gaafatamaa Waajjira Misoomaa fi Manajimentii Lafa Magaalaa ------------ Miseensa;
15) Itti gaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa ------------- Miseensa;
16) Itti gaaftamaa Waajjira Aadaa fi Tuurizimii---------- Miseensa;
17) Itti gaafatamaa Waajjira Abbaa Taayitaa Galiiwwanii------------ Miseensa;
18) Itti gaaf/Waajjira Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa ------ Miseensa;

**፲፫. የከተማ ደረጃ የጋራ ምክር ቤት አባላት**

የጋራ ምክር ቤቱ የሚከተሉት አባላት ይኖረዋል፡-

፩) የከተማው ከንቲባ-------------------ሰብሳቢ
፪) የገንዘብና ኢኮኖሚ ትብብር ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----------------------------------ጸሐፊ
፫) የከተሞች የሥራ ዕድል ፈጠራና ምግብ ዋስትና ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----------አባል
፬) የውሃ፣ ማዕድንና ኢነርጂ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
፭) የኅብረት ሥራ ማሕበር ማስፋፊያ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------አባል
፮) የኢንቨስትመንት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------------------አባል
፯) የከንቲባ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ---------አባል
፰) የሴቶችና ሕፃናት ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
፱) የትምህርት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-----አባል
፲) የጤና ጥበቃ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----አባል
፲፩) የንግድና ገበያ ልማት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
፲፪) የኮንስትራክሽን ጽሕፈት ቤት ኃላፊ----አባል
፲፫) የገጠር መሬት አስተዳደርና አጠቃቀም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ--------------------አባል
፲፬) የከተማ መሬት ልማትና ማኔጅመንት ጽሕፈት ቤት ኃላፊ--------------------አባል
፲፭) የሠራተኛና ማሕበራዊ ጉዳይ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------አባል
፲፮) የባህልና ቱሪዝም ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------------አባል
፲፯) የገቢዎች ባለሥልጣን ጽሕፈት ቤት ኃላፊ-------------------------------------አባል
፲፰) የአከባቢ ጥበቃ፣ ደንና አየር ለውጥ ጽሕፈት ቤት ኃላፊ--------------------አባል

**13. Members of the City Level Common Council**

The Common Council shall have the following members:

1) Mayor of the City------------chairperson
2) Head of Finance and Economic Cooperation Office---secretary
3) Head of Urban Job Creation and Food Security Office-------------------------------member
4) Head of Water, Mineral and Energy Office-------------member
5) Head of Cooperative Associations Promotion Office---------------------------------member
6) Head of Investment Office------------------------------member
7) Head of the Mayor's Office------------------------------member
8) Head of Women and Children's Affairs Office----------member
9) Head of Education Office-------------------------------member
10) Head of Health Office-----------------------------------member
11) Head of Trade and Market Development Office-----member
12) Head of Construction Office---------------------------member
13) Head of Rural Lands Administration and Utilization Office---------------------------member
14) Head of Urban Lands Development and Management Office--------------------------member
15) Head of Workers and Social Affairs Office---------member
16) Head of Culture and Tourism Office----------------member
17) Head of Revenue Authority Office-------------member
18) Head of Environmental Protection, Forest and Climate change Office----------member

19) Abbootii Qabeenya dhuunfaa naannichaa keessaa bakka bu'an namoota 5 ------------ Miseensa;
20) Baankiiwwan naannicha keessatti hojjatan keessaa 2 -------------------- Miseensa;
21) Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa --------------- Miseensa;
22) Federeeshinii Waldaa Qonnaan Bultoota Oromiyaa ----Miseensa;
23) Waldaalee Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa keessaa bakka bu'an 3 ---------------- Miseensa;
24) Bakka bu'oota Waldaalee Dargaggootaa fi Dubratootaa nama 2 ---------------------- Miseensa.

**14. Aangoo fi Hojii Mana Maree Waliinii Sadarkaa Sadarkaan Jiruu**

Manni Maree Waliinii sadarkaa sadarkaan jiru aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Imaammataa fi tarsimoowwan mootummaa fi qaamni dhuunfaa waliin ittiin hojjatu ilaalchisee dhiyaatuuf gamaaggamuun ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti kallattii furmaataa ni kaa'a;
2) Carraawwan daldalaa fi investimentii adda addaa jiru keessatti hirmaanaan hawaasaa akka cimu sosochii hawaasaa ni taasisa;
3) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii sosochii ummataan taasifaman akka milkaa'aniif qaamoleen mootummaa fi dhuunfaa dhimmi ilaalu hundi gahee isaanii akka bahaniif hojii qindeessummaa ni raawwata;
4) Haala mootummaa fi abbootiin qabeenyaa dhuunfaa waliin itti hojjatan irratti kallattii ni kaa'a; raawwii isaa ni hordofa;
5) Pirojektiiwwan daldalaa fi invesimentii mootummaa fi qaamni dhuunfaa waliin irratti hojjachuu danda'an adda bahee dhyaatuuf gamaaggamuun kallattii raawwii ni kaa'a;

፲፱) ከክልሉ የግል ባለሀብቶች የሚወከሉ ፭ ሰዎች-----------------------------------አባል
፳) በክልሉ ውስጥ ካሉ ባንኮች ውስጥ ፪ ባንኮች-----------------------------------አባል
፳፩) የኦሮሚያ ብድርና ቁጠባ አክሲዮን ማሕበር-------------------------------አባል
፳፪) የኦሮሚያ አርሶ አደሮች ማሕበር ፌዴሬሽን-----------------------------አባል
፳፫) ከአነስተኛና ማይክሮ ኢንተርፕራይዝ የተወከሉ ፫ ማሕበራት--------------አባል
፳፬) የወጣቶችና ሴቶች ማሕበራት ተወካዮች ፪ ሰዎች------------------------------አባል፡፡

**፲፬. በየደረጃው ያሉ የጋራ ምክር ቤት ሥልጣንና ተግባር**

በየደረጃው ያሉ የጋራ ምክር ቤት የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖረዋል፡-

፩) መንግሥትና የግል አካል በጋራ የሚሠሩበትን ፖሊሲና ስትራቴጂ አስመልክቶ የሚቀርብለትን በመገምገም ያረጋግጣል፤ ጉድለት ባለበት ቦታ የመፍትሄ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤
፪) ባሉት የተለያዩ የንግድና ኢንቨስትመንት ዕድሎች ውስጥ የሕብረተሰቡ ተሳትፎ እንዲጠናከር ማህበራዊ እንቅስቃሴ ያደርጋል፤
፫) በሕብረተሰቡ ተሳትፎ የሚከናወኑ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች እንዲሳኩ ጉዳዩ የሚመለከተው ሁሉም መንግሥትና የግል አካላት ድርሻቸውን እንዲወጡ የቅንጅት ሥራ ያከናውናል፤
፬) መንግሥትና የግል አካላት በጋራ የሚሠሩበት ሁኔታ ላይ አቅጣጫ ያስቀምጣል፤ አፈጻጸሙን ይከታተላል፤
፭) ተለይተው የሚቀርቡለትን መንግሥትና የግል አካላት በጋራ ሊሠሩበት የሚችሉባቸው የንግድና ኢንቨስትመንት ፕሮጀክቶችን በመገምገም የአፈጻጸም አቅጣጫ ያስቀምጣል፤

19) Five Persons to be represented amongst Private Investors in the Region-------------member
20) Two Banks to be represented by the Banks in the Regional State--------------------member
21) Oromia Credit and Saving Axion Association-------member
22) Oromia Farmers' Association Federation-------------member
23) Three representatives among Micro and Small Scale Enterprises Associations--member
24) Two representatives of the Youth and Women Associations-------------------member.

**14. Power and Duties of the Common Councils of Hierarchical Levels**

The common council of the hierarchical levels shall have the following power and duties:

1) Evaluate and approve the policy and strategy submitted to it regarding the working together of the government and private body; put remedial direction where there exist problem;
2) Make societal movement to strengthen the peoples' participation in the existing commercial and investment opportunities;
3) Perform coordination activity to enable all the concerned government and private bodies play their roles for the success of commercial and investment activities underway by the public movement;
4) Put direction on how the government and private investors can work together; follow up its implementation;
5) Evaluate the commercial and investment projects up on which the government and private bodies can work together which is identified and submitted to it; put implementation direction;

6) Sosochii ummatni hojiiwwan daldalaa fi investimentii keessatti taasisu ilaalchisee gabaasa raawwii hojii dhiyaatuuf ni gamaaggama; tarkaanfiiwwan sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa; qaama isaa ol jiruuf gabaasa ni dhiyeessa.

**15. Sirna Walgahii Mana Maree Waliinii**

1) Manni Maree Waliinii walgahii idilee ji'a sadiitti si'a tokko kan qabaatu ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuun ni danda'ama.
2) Walgahiin mana marichaa guutuu kan ta'u Miseensota Mana Maree Waliinii keessaa walakkaa ol kan argaman yoo ta'ee dha.
3) Murtiin Mana Maree Waliinii sagalee caalmaan kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Mana Maree Waliinii ta'a.
4) Ajandaan walgahii guyyaa shaniin dura kan gahu ta'ee, waamichi walgahii miseensota mana maree waliiniif taasifamu iddoo, guyyaa fi sa'aatii walgahichaa kan ibsu ta'uu qaba.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1- 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, manni maree waliinii hojimaata sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

**16. Muudamaa fi Itti Waamama Daarektara Ol'aanaa fi Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa**

1) Daarektarri ol'aanaa Waajjirchaa Pirezidaantii Naanichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan muudamu ta'a.
2) Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa, Daarektara Ol'aanaa Waajjirchaan dhiyaatee Pirezidaantii Naannichaatiin kan muudamu ta'a.

፮) ህዝቡ በንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ውስጥ የሚያደርገውን እንቅስቃሴ በተመለከተ የሚቀርብለትን የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ይገመግማል፤ የማስተካከያ እርምጃ እንዲወሰድ ያደርጋል፤ ከእርሱ በላይ ላለ አካል ሪፖርት ያቀርባል፡፡

**፲፭. የጋራ ምክር ቤቱ የስብሰባ ሥነ ሥርዓት**

፩) የጋራ ምክር ቤት በሦስት ወር አንድ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ እንዳስፈላጊነቱ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይቻላል፤
፪) የጋራ ምክር ቤት ስብሰባ የተሟላ የሚሆነው ከጋራ ምክር ቤትአባላቱ ከግማሽ በላይ የሚገኙ ከሆነ ነው፤
፫) የጋራ ምክር ቤት ውሳኔ በአብላጫ ድምጽ የሚተላለፍ ሆኖ ድምጽ እኩል ከሆነ በሰብሳቢው የተደገፈው ሐሳብ የጋራ ምክር ቤቱ ውሳኔ ይሆናል፤
፬) የስብሰባው አጀንዳ ከአምስት ቀን በፊት የሚደርስ ሆኖ ለጋራ ምክር ቤት አባላትየሚደረገው የስብሰባ ጥሪ የስብሰባውን ቦታ፣ ቀንና ሰዓት የሚገልጽ መሆን አለበት፤
፭) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩-፬ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የጋራ ምክር ቤቱ የራሱ የስብሰባ ሥነ ስርዓት አሰራር ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፲፮. የዋና ዳይሬክተርና ምክትል ዋና ዳይሬክተር ሹመትና ተጠሪነት**

፩) የጽሕፈት ቤቱ ዋና ዳሬክተር በክልሉ ፕሬዝዳንት ቀርቦ በክልሉ መንግሥት አስተዳደር ምክር ቤት የሚሾም ይሆናል፤
፪) ምክትል ዋና ዳይሬክተሩ በጽሕፈት ቤቱ ዋና ዳሬክተር ቀርቦ በክልሉ ፕሬዝዳንት የሚሾም ይሆናል፤

6) Evaluate the work performance report submitted to it regarding the peoples strives in the commercial and investment activities; make corrective measures to be taken; present report to the body higher than it.

**15. Meeting Procedures of the Common Council:**

1) The common council shall have a regular meeting once in three months; and an urgent meeting may be called as deemed necessary.
2) Meeting of the council shall be quorum where more than half of the members of common council are present.
3) Decision of the common council shall be passed by majority vote; and the view supported by the chairperson shall become the decision of the common council.
4) Minute of the meeting shall be accessed before five days; and the meeting summon made for the members of the common council shall describe the place, date and time of the meeting.
5) Without prejudice to the provisions under sub articles 1_4 of this article, the common council may issue its rule of meeting procedure.

**16. Appointment and Accountability of the Director General and Deputy Director General**

1) The Director General of the office shall be nominated by the president of the regional state and appointed by the Administrative Council of the regional state;
2) Deputy Director General shall be nominated by the Director General and appointed by the president of the regional state;

3) Itti waamamni Daarektara ol'aanaa Pirezidaantii Naannichaatiif, itti waamamni Itti Aanaa Daarektara ol'aanaa, Daarektara Ol'aanaa Waajjirichaatiif ta'a.

**17. Aangoo fi Gahee Hojii Daarektara Ol'aanaa Waajjirichaa**

1) Aangoo fi hojii Waajjirichaaf kenname hojiirra ni oolcha;
2) Waajjiricha ni hooggana; ni bulcha;
3) Murteewwanii fi kallattiiwwan Mana Maree Waliinii ni raawwata; ni raawwachiisa;
4) Karoora hojii fi baajataa qopheessee qaama mootummaa dhimmi ilaalltuuf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;
5) Gabaasa raawwii hojii qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
6) Walitti dhufeenya Waajjirichi qaama sadaffaa waliin qabu irratti Waajjiricha bakka ni bu'a; waliigaltee ni mallatteessa;
7) Hojii Waajjirichaa saffisisuuf aangoo fi gahee hojii isaa irraa qoodee itti gaafatamtoota yookiin hojjattoota isa jala jiraniif bakka bu'ummaan kennuu ni danda'a.

**18. Aangoo fi Gahee Hojii Itti Aanaa Daarektara Ol'aanaa**

1) Daarektarri ol'aanaan bakka hin jirretti bakka bu'ee ni hojjata;
2) Hojii biroo Daarektara ol'aanaan kennamuuf ni raawwata.

## Kutaa Sadii
## Hojimaata Walta'iinsa Mootummaa fi Qaamolee Dhuunfaa

**19. Qajeeltoowwan Waliigalaa**

1) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa mootummaa fi qaama dhuunfaatiin gaggeeffaman kamiyyuu faayidaa fi bu'aa hojichi argamsiisu irratti hundaa'uu qaba.

፫) የዋና ዳይሬክተር ተጠሪነት ለክልሉ ፕሬዝዳንት፤ የምክትል ዋና ዳይሬክተር ተጠሪነት ለጽሕፈት ቤቱ ዋና ዳይሬክተር ይሆናል።

**፲፯. የጽሕፈት ቤቱ ዋና ዳይሬክተር ሥልጣንና ተግባር**

፩) ለጽሕፈት ቤቱ የተሰጡትን ሥልጣንና ተግባር ሥራ ላይ ያውላል፤
፪) ጽሕፈት ቤቱን ይመራል፤ ያስተዳድራል፤
፫) የጋራ ምክር ቤቱን ውሳኔዎችና አቅጣጫዎች ይፈጽማል፤ ያስፈጽማል፤
፬) የበጀትና ሥራ ዕቅድ አዘጋጅቶ ጉዳዩ ለሚመለከተው መንግሥት አካል ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ሥራ ላይ ያውላል፤
፭) የሥራ አፈጻጸም ሪፖርት ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤
፮) ጽሕፈት ቤቱ ከሦስተኛ አካል ጋር በሚያደርገው ግንኙነት ጽሕፈት ቤቱን ይወክላል፤ ስምምነት ይፈርማል፤
፯) የጽሕፈት ቤቱን ሥራ ለማፋጠን ሲባል ከሥልጣኑና ተግባሩ በማካፈል በሥሩ ላሉት ኃላፊዎች ወይም ሠራተኞች ውክልና ሊሠጥ ይችላል።

**፲፰. የምክትል ዋና ዳይሬክተር ሥልጣንና ተግባር**

፩) ዋና ዳይሬክተሩ በሌለበት ቦታ ተክቶ ይሠራል፤
፪) በዋና ዳይሬክተሩ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል።

## ክፍል ሦስት
## የመንግሥትና የግል አካላት ቅንጅት አሠራር

**፲፱. ጠቅላላ መርሆች**

፩) ማንኛውም በመንግሥትና በግል አካላት ቅንጅት የሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ሥራው በሚያስገኘው ጥቅምና ውጤት ላይ መመሥረት አለበት፤

3) The accountability of the Director General shall be to the president of the region; and the Deputy Director General shall be accountable to the Director General of the office.

**17. Power and Duties of the Director General of the Office**

1) Implements the power and duties of the office;
2) Manages and administers the office;
3) Performs and cause to be performed the decisions and directions of the common council;
4) Prepares the work and budget plan and submit to the concerned government body; implement same up on approval;
5) Present work performance report to the concerned body;
6) Represent the office in its relation with the third party; sign contractual agreements;
7) May divide and assign part of his power and duty to the heads or workers under him through delegation to speed up the activities of the office.

**18. Power and Duties of the Deputy Director General**

1) In the absence of the Director General, represents him and works on his behalf;
2) Perform other duties assigned to him by the Director General.

## Part Three
## Working System of the Public and Private Bodies

**19. General Principles**

1) Any commercial and investment activity undertaken by the Partnership of the government and private body shall depend on the benefits and profits that such activity generates;

2) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaatiin gaggeeffaman kamiyyuu ce'umsa teknolojiitiif bu'uura kan buusu, dandeettii raawwachiisummaa abbootii qabeenyaa biyya keessaa, hirmaannaa fi fayyadamummaa ummatni diinagdee keessatti qabu cimsuu irratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.
3) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii gaggeeffaman kamiyyuu haala eegumsa naannoo fi qabeenya uumamaa irratti dhiibbaa hin malle kan hin geessisnee fi fedhii hawaasa naannoo giddugaleessa kan godhatan ta'uu qabu.
4) Hojiiwwan daldalaa fi investimentii walta'iinsa mootummaa fi qaamolee dhuunfaatiin gaggeeffaman kamiyyuu haala iftoomina, itti gaafatamummaa fi amanamummaa mirakaneessuun gaggeeffamuu qabu.

### 20. Haala Pirojektiin Yookiin Sagantaan Misoomaa Itti Dhiyaatu

Piropoozaalli Pirojektii walt'iinsaa mootummaadhaan yookiin qaamolee dhuunfaan dhiyaachuu ni danda'a.

### 21. Dameewwan Daldalaa fi Investimentii Walt'iinsaan Irratti Hojjachuu Danda'amu

Hojiiwwan daldalaa fi investimentii mootummaa fi qaamoleen dhuunfaa irratti hojjachuu danda'an kanneen armaan gadii ti:

1) Hojiiwwan damee qonnaa;
2) Hojiiwwan ijaarsaa kan akka ijaarsa gamoo, riil isteetii fi kan kana fakkaatan;
3) Industirii fi maanufaakchariingii;
4) Hojii misooma albuudaa fi inarjii;
5) Hojiiwwan dhiyeessii tajaajila hawaasummaa kan akka dhaabbilee barnootaa, fayyaa;

፪) ማንኛውም በመንግሥትና በግል አካላት ቅንጅት የሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ለቴክኖሎጂ ሽግግር መሠረት የሚጥል፤ የሀገር ውስጥ ባለሀብቶች የአፈጻጸም አቅምና፤ ህዝቡ በኢኮኖሚ ውስጥ ያለውን ተሳትፎና ተጠቃሚነት በማጠናከር ላይ ያተኮረ መሆን አለበት፤
፫) ማንኛውም የሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች በአከባቢ ጥበቃና ተፈጥሮ ሀብት ላይ የማይገባ ተፅዕኖ የማያደርስ እና የአካባቢውን ማሕበረሰብ ፍላጎት ማዕከል ያደረጉ መሆን አለባቸው፤
፬) ማንኛውም በመንግሥትና በግል አካላት ቅንጅት የሚካሄዱ የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች ግልጽነት፣ተጠያቂነትና ታማኝነትን በሚያረጋግጥ ሁኔታ መካሄድ አለባቸው።

### ፳. የልማት ፕሮጀክት ወይም ፕሮግራም የሚቀርብበት ሁኔታ

የቅንጅት ፕሮጀክት ፕሮፖዛል በመንግሥት ወይም በግል አካላት ሊቀርብ ይችላል።

### ፳፩. በቅንጅት ሊሠራበት የሚቻለው የንግድና ኢንቨስትመንት ዘርፎች

የመንግሥትና የግል አካላት በቅንጅት ሊሠሩባቸው የሚችሏቸው የንግድና ኢንቨስትመንት ሥራዎች የሚከተሉት ናቸው፡-

፩) የግብርና ዘርፍ ሥራዎች፤
፪) የግንባታ ሥራዎች እንደ ህንጻ ግንባታ፣ ሪል ስቴት እና የመሳሰሉት፤
፫) ኢንዱስትሪና ማኑፋክቸሪንግ፤
፬) የማዕድንና ኢነርጂ ልማት ሥራ፤
፭) የማሕበራዊ አገልግሎት አቅርቦት ሥራዎች እንደ ትምህርትና ጤና ተቋማት፤

2) Any commercial and investment activity undertaken by the government and private body Partnership shall focus on activity that lay the foundation for technological transformation, that strengthen the performance abilities of domestic investors and promote the participation and benefits of the people in the economy;
3) Any commercial and investment activity shall be undertaken in a way that cannot cause adverse impact on the environmental protection and natural resources and shall take in to account the needs and interests of the society of the region;
4) Any commercial and investment activity undertaken by the Partnership of the government and private body shall be conducted in a way that ensures transparency, accountability and honesty.

### 20. Ways of Presentation of Development Projects or Plans

The proposal of Partnership project may be submitted by the government or private body.

### 21. Commercial and Investment Branches on which Working in Partnership is Possible

The commercial and investment activities up on which the public and private bodies can work in Partnership shall be the following:

1) Activities of agricultural branch;
2) Construction activities like construction of buildings, real estates and the likes;
3) Industries and manufacturing;
4) Mineral and energy development activities;
5) Social services delivery activities like education, health institutions;

6) Hojiiwwan eegumsa naannoo fi bulchiinsa balfaa;
7) Hojiiwwan saayinsii fi misooma teknolojii qunnamtii odeeffannoo;
8) Aadaa, hoteelaa fi tuurizimii, giddugala bashannanaa fi ispoortii;
9) Hojiiwwan damee faayinaansii;
10) Hojiiwwan damee daldalaa fi kanneen kana fakkaatan biroo ni dabalata.

## Kutaa Afur
## Tumaalee Adda Addaa

**22. Madda Galii**

Maddi galii Waajjirichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Baajata mootummaan ramadamu irraa;
2) Galii maddoota biroo kan akka kennaa, gargaarsaa fi kan biroo irraa argamu.

**23. Galmee Herregaa**

1) Galmeen herregaa Waajjirichaa galmeewwan herregaa Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannichaa keessatti addatti kan qabamu ta'a.
2) Galmeewwan herregaa fi harshameewwan faayinaansii Waajjirichaa mana hojii Ol'aanaa Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama inni bakka buusuun yeroo yeroon kan qoratamu ta'a.

**24. Tajaajila Bulchiinsaa fi Faayinaasii Waajjirichaa**

Waajjirichi tajaajila bulchiinsaa fi faayinaansii adda addaa Waajjira Pirezidaantii naannichaa irraa kan kennamuuf ta'a.

**25. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

፮) የአካባቢ ጥበቃና ቆሻሻ አስተዳደር፤
፯) የሳይንስና መረጃ ግንኙነት ቴክኖሎጂ ልማት ሥራዎች፤
፰) ባህል፣ ሆቴልና ቱሪዝም፣ የመዝናኛና ስፖርት ክበብ፤
፱) የፋይናንስ ዘርፍ ሥራዎች፤
፲) የንግድ ዘርፍና የመሳሰሉ ሥራዎችን ይጨምራል፡፡

## ክፍል አራት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፳፪. የገቢ ምንጭ**

የጽሕፈት ቤቱ የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት ይሆናል፡-

፩) በመንግሥት ከሚመደብ በጀት፤
፪) ከሌሎች ምንጮች እንደ ስጦታ፣እርዳታና ከሌሎች የሚገኝ ገቢ፡፡

**፳፫. የሒሳብ መዝገብ**

፩) የጽሕፈት ቤቱ የሒሳብ መዝገብ በክልሉ መንግሥት ፕሬዝዳንት ጽሕፈት ቤት ሒሳብ መዛግብት ውስጥ በልዩ ሁኔታ የሚያዝ ይሆናል፤
፪) የጽሕፈት ቤቱ የሒሳብ መዛግብትና የፋይናንስ ሰነዶች በዋና ኦዲተር መስሪያ ቤት ወይም እሱ በሚወክለው አካል በየጊዜው የሚመረመር ይሆናል፡፡

**፳፬. የጽሕፈት ቤቱ አስተዳደርና ፋይናንስ አገልግሎት**

ጽሕፈት ቤቱ የተለያዩ የአስተዳደርና ፋይናንስ አገልግሎት ከክልሉ ፕሬዝዳንት ጽሕፈት ቤት የሚሰጠው ይሆናል፡፡

**፳፭. ድጋፍ የመስጠት ግዴታ**

ማንኛውም ሰው ለዚህ ደንብ ተፈፃሚነት የሚፈለግበትን ድጋፍ ለመስጠት ግዴታ አለበት፡፡

6) Environmental protection and waste management;
8) Culture, hotel and tourism, recreation center and sports;
9) Financial branch activities;
10) Commercial branch activities and includes other similar activities.

## Part Four
## Miscellaneous Provisions

**22. Income Source**

Income of the office shall be from the following sources:

1) The budget allocated by the government
2) Income obtained from other sources like donation, assistances and others.

**23. Book of Accounts**

1) Book of Accounts of the office shall be kept differently in the Books of Accounts of president office of the regional state;
2) Books of Accounts and financial documents of the office shall be investigated time to time by the Auditor General Office or by the body it represents.

**24. Administration and Financial Services of the Office**

The office shall be provided with administration services and various finances from office of the president of the regional state.

**25. Duty to Support**

Any person has a duty to provide the support expected from him for the implementation of this regulation.

**26. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Dambiin, qajeelfamni, barmaatilee fi hojimaatni Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa tokko jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman ilaalchisee hojiiwwan hanga guyyaa Dambiin kun ragga'utti raawwataman akkaataa tumaalee Dambii kanaatiin akka rawwatamanitti lakkaawamee raawwiin isaanii kan ragga'e ta'a.

**27. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Manni Maree Waliinii Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**28. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu.**

Dambiin kun Ebla guyyaa 10, Bara 2010 irraa eegalee kan hojiirra oolu ta'a.

**Finfinnee**
**Ebla guyyaa 10, Bara 2010**
**Lammaa Magarsaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**፳፮. ተፈፃሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች**

፩) ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረን ማንኛውም ደንብ፣ መመሪያ፣ ልማዶችና አሠራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፤

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በዚህ ደንብ ውስጥ የተሸፈኑ ጉዳዮችን በተመለከተ ይህ ደንብ እስከጸደቀበት ቀን ድረስ የተከናወኑ ሥራዎች በዚህ ደንብ ድንጋጌዎች መሠረት እንደተከናወኑ ተቆጥሮ አፈጻጸማቸው የጸና ይሆናል፡፡

**፳፯. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

ይህን ደንብ ለማስፈጸም የጋራ ምክር ቤቱ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፳፰. ደንቡ የሚፀናበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከሚያዝያ ፲ ቀን ፪ሺ፲ ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ሚያዝያ ፲ ቀን ፪ሺ፲**
**ለማ መገርሳ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

**26. Inapplicable Laws**

1) Any regulation, directive, customs and practices inconsistent with this regulation shall not be applicable on matters covered under this regulation;

2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this regulation, regarding the issues covered in this regulation, activities performed until the date of approval of this regulation shall be considered as performed in accordance with the provisions of this regulation and their performances shall have effect.

**27. Power to Issue Directive**

The common council may issue directive to implement this regulation.

**28. Effective Date**

This regulation shall come in to force as of 18th April, 2018.

**Finfine**
**April 18, 2018**
**Lema Megersa**
**President of the Regional State**

©Waajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame
በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ
Published by The Secretariat of "Caffee" Oromia
Bitootessa 27 Bara 2011 / መጋቢት ፳፯ ቀን ፪ሺ፲፩ / April 5 , 2019